Biiroo Barnootaa Bul.MagaalaaFinfinneetti

Qophaa’ee kan isiniif dhiyaatu Sagantaa Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 1ffaa Seemisteera 2ffaati.

Qopheessaan:- Dhufeeraa Daanyeeti.



Barannoo 15ffaa

- **Boqonnaa 17_Himoota Dubbisuu**

Fakkiilee ilaaluun Himoota dubbisuufi barreessuu

Kaayyoo Barannichaa:

Dhuma barannoo kanaa booda barattoonni:

√ Fakkiilee ilaaluun himoota ni dubbistu.

√ Fakkiilee ilaaluun himoota ni barreessitu.

√ Himoota gagabaaboo ni dubbistu.

Gocha

- Fakkiilee ilaaluun himoota dubbistaanii beektuu?

Fakkiilee ilaaluun himoota barreessitanii beektuu?

Fakkiilee ilaaluun himoota dubbisuufi barreessuu

- ☝ Himoota yemmuu dubbisnu jechoota himichi irraa ijaarame sirriitti adda baasnee ilaaluun barbaachisaadha.
- Hima yeroo dubbisnu himni sun ergaa guutuu dabarsuu danda'uu isaafi Jechoonni hima keessatti argaman sirnaan qindaa'uu isaanii ilaallee dubbisuu qabna.
- ☝ Fakkii ilaallee hima yemmuu dubbisnuufi barreessinu himni barreessinu yookiin dubbisnu sun fakkii sana sirriitti kan ibsu tahuu qaba.

Fakkiilee ilaaluun himoota dubbisi



Barattoonni Kubbaa taphatu.

Kan itti fufe.....



Ijoolleen gareen qo'atu

Kan itti fufe.....



Ayyaantuun fakkii Odaan kaasti.

Kan itti fufe.....



Tooltuu fi Tolaan harka dhiqatu

Kan itti fufe...



Naa'ol bishkiliitii oofa.

Kan itti fufe...

- **Fakkiilee ilaali himoota dubbisi**



Boruun uffata aadaa Karrayyuu uffatee jira.



Duulaan qe'ee isaa qulqulleessaa jira.

Kan itti fufe....



Daa'imman uffata aadaa uffaatanii jiru



Halkoon aannan qabeen dhugaa jirti.

Kan itti fufe...



Adurreen hantuuta qabattee jirti.



Korbeessi re'ee baala nyaataa jira.

Gilgaala

- **Himootafi fakkiilee walitti firoomsifiroomsi**

Toltuufi Tolaan harka dhiqatu



Naa'ol bishkiliitii oofa.



Ijoolleen gareen qo'atu.



Barattoonni kubbaa taphatu.



Ayyaantuun fakkii odaa kaasti.



Gilgaala

- **Himoota armaan gadii dubbisuu barreessi!**

1) Hangafni ni kabajama.

_____

2) Oromoon Gadaan bula.

----

3) Qeerroon qananiidha.

----

4) Oromoon loon jaallata.

_____

Kan itti fufe...

- 5)Irreechi malkaa Birraafi Arfaasaa irreeffatama.

_____

6) manni barumsaa burqaa beekumsaati.

_____ ____

7) Barnoonni hundee beekumsaati.

_____

Deebii

- 1) Hangafni ni kabajama.
  - **Hangafni ni kabajama.**

2) Oromoon Gadaan bula.

- **Oromoon Gadaan bula.**

3) Qeerroon qananiidha.

- **Qeerroon qananiidha.**

4) irreechi Birraafi Arfaasaa irreeffatama.

- **Irreechi Birraa fi Arfaasaa kabajama.**

Gilgaala

- Jechoota tartiibeessuun hima ijaari.

1) Guute/ lagni / Gafarsa.

_____

2) Ifaan/ bitate/Sangaa.

_____

3) Caaltuun/ dubbisti/ kitaaba.

_____

4) Tolaan/rigate/ilkaan/isaa.

_____

Deebii

- Jechoota tartiibeessuun hima ijaari.

1) Guute/ lagni / Gafarsa.

☝ **Lagni Gafarsa Guute.**

2) Ifaan/ bitate/Sangaa.

☝ **Ifaan sangaa bitate.**

3) Caaltuun/ dubbisti/ kitaaba.

☝ **Caaltuun kitaaba dubbisti.**

4) Tolaan/rigate/ilkaan/isaa.

☝ **Tolaan ilkaan isaa rigate.**

Kan itti fufe...

- 6) Manni barumsaa burqaa beekumsaati.

☝ **Manni barumsaa burqaa beekumsaati.**

7) Barumsi hundee guddinaati

☝ **Barumsi hundee guddinaati**

XUMURAMEERA!

KOROONAA IRRAA OF EEGAA!!!